# Hordoffii Dhibee COVID-19 Sarara Irraan Ta'u Ilaachisee Barruu Qo'annoo

[Muuziqaa Onnachiisaa]

[Seenessa] dhimmi sakatta'aa qorannoo kanaa kara ittiin saffisa babal'ina COVID-19 gadi xiqqeessuufi.

Hojjetoonni fayyaa leenjii qaban, namoota dhibeen COVID-19 irratti argame faana bu'uun namoota kanneen isaanii wajjin walitti dhihenyaan wal arganii turaan adda baafachuuf jecha ni iyyaafatu. Jarreen kun yeroo kanatti tarii COVID-19 qabaachuu maluu waan ta'eef, mana turuu qabu.

Yeroo hedduu, gaaffii fi deebiin hordoffii dhibee COVID-19 kun bilbilaan taasifama. Amma garuu, kara qorannoo sarara iraan, gaaffiilee wal fakkaatan kophaatit deebisuuf filannoo qabda.

Waanti gaariin? Yeroo qoratamte sanatti lakkoofsa bibila kee kenniteeta yoo ta'e, qo'annoo kana fudhachuu akka dandeessuf tekistiidhaan si beeksifina.

Jalqaba, si qunnamuuf yaalla. Deebii wayita laattu afaan caalaatti siif mijjatu 1, 2, 3 yookaan 4 keessaa filachuun deebii kennuu ni dandeessa.  Teessoo emeeliikee sirra fudhannee achumaan furgaasaa (liinkii) gaaffilee qoa'nnoo kanaa kallattiin saanduqa  dhuunfaa keetti siif ergina. Yoo tekistii kanaaf deebii lachuu dhiiste, hojjetoota fayyaatu siif bibila.

Yeroo ga'aa fudhachuun  gaaffiiwwan kana deebisuu ni dandeessa. Dhumarratti, akkaata ati balaa COVID-19 kana namoota birootti darbarsuu irraa of eegachuu dandeessuu fi maddeen gargaarsaa kan akka nyaataa fi qorichaa ykn dawaa nannoo keetti argamuu malan ilaachisee odeeffannoo barbachisaan siif kennama.

Dameen fayyaa waa'ee dhimma dhuunfaa kee akka laayyootti hin ilaalu. Kanaafuu, maallaqa, odeeffannoo baankii kee, fi lakoofsa sooshaal sakuuritii keetii tasuma si hin gaafannu.

Dhibee kanaan qabamuun kee mirkanaa'ee, yoo gaaffi qabaatte, 651-201-5689 bibiluun hojjetoota fayyaa waliin hasaa'u ni dandeessa.

[Muuziqaa Cehumsaa]

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

1/28/21 (Oromo)

*Odeeffannoo kana bifa biraan yoo feeteef, 651-201-4989 bilbili.*